Waraqaa Odeeffannoo

Baraaramtoota Hacuuccaa Saalaa, Dhiibbaafi Miidhaa Saalaa (SEAH) Hirmaachisuu

Waraqaan odeeffannoo kun yeroo qajeelfama baasan baraaramtoota SEAH hirmaachisuu keessatti hojiilee gaggaarii hojjataman hubachuudhaaf akka madda odeeffannootti gargaara.[1] Dhaabbileen yommuu baraaramtoota waliin hojjatan qabxiilee ijoo fi gaaffilee gaafachuu qaban ni dhiyeessa.

Hacuuccaa saalaa, dhiibbaafi miidhaa saalaa ilaalchisee tarsiimoowwan bahan irratti baraaramtoonni gahee mataa isaanii gochuu danda'u. Haa ta'u malee, hirmaannaan hiika qabu qaamoleen tarsiimoo/seera baasan karaa sirrii ta'ee fi itti gaafatamummaadhaan akka hojjatantu isaan irraa barbaadama; kunis miidhaa tokko osoo hin dhaqqabsiisin sagaleen baraaramtootaa dhagahamuu isaa mirkaneessufi.

Baraaramtoota hirmaachisuun maaliif barbaachise?

- ✓ Ilaalcha fi waan baraaramtoota irra gahe xiyyeeffanoodhaan ilaaludhaaf dhaabbileen itti gaafatamummaa amalaa fi hamilee qabu
- ✓ Baraaramtoonni waan isaan mudate/muuxannoo irratti eenyu caala ogummaa waan qabaniif maaltu akka ta'uu fi hin taane irratti nama kamiyyuu caala ni beeku
- ✓ Imaammataa fi jijjiirama keessa galchuun baraaramtoonni akka bayyaanatan ni gargaara akkasumas miirri fudhatama qabaachuu akka itti dhagahamus ni taasisa
- ✓ Baraaramtoota hirmaachisuun hojiin akka jiruu fi akka barbaachisaa ta'e mirkaneessuu ni danda'a
- ✓ Hojjattoonni fi dhaabbileen ilaalcha baraaramtootaa irraa ka'uun yommuu SEAH hubatan, gahee isaanii seeran bahatu

Baraaramtoota hirmaachisuun kan hin barbaachifne yoomi?

- ✗ Baraaramtoonni nama(oota) badii geessisan harkatti ammayyuu irra deebin saaxilamummaan isaanii olaanaa yoo ta'e
- ✗ Dhaabbanni keessan baraaramtoota fi namoota odeeffannoo saaxilan yeroo hirmaannaa fi isa booda poolisii fi adeemsa nageenya isaanii tiksu hin qabu yoo ta'e
- ✗ Hirmaachisuun rakkoo geessisa yoo ta'e yookin namoota yakka hojjatan, hawaasa fi mootummaa irraa dhiibbaan baraaramtoota irra akka gahuuf saaxila yoo ta'e (Fkn, sababa dubbataniif jecha dhiibbaa akka hidhaa yookin wabii/tajaajila seeraa dhabuu)
- ✗ Hirmaannaan sun dhaabbaticha fayyaduu malee baraaramtoota giddu galeessa kan hin godhanne yoo ta'e
- ✗ Dhaabbanni keessan yaadota baraaramtoota irraa dhiyaatan gara hojiitti hiikuuf fedha hin qabu yoo ta'e

Hiikawwan Faayda Qabeeyyii:

Mala baraaramaa giddu galeessa godhate : Ittisuu fi deebii laachuun kan loogii of keessaa hin qabnee akkasumas gareewwan caalmaan saaxilamoo ta'an yokiin irra caalmaan SEAH dhaaf kanneen irratti xiyyeeffatame dabalatee mirgoota, fedhiiwwan fi waan baraaramtoonni barbaadan kabajuu fi dursa kennuufii mirkaneessuu. [2]

Mala baraaramaadhaan durfamu: Mala baraaramtoonni jireenya isaanii fi sochii farra Hacuuccaa fi/yookin Miidhama isaan keessa darbanii fi mo'atan irratti taasifamu keessatti gahee dursummaa akka taphataniif kan aangessuu fi jajjabeessudha.[3]

Mala xiin-sammuu fayyisuu: Mala dhiibbaa rakkoon xiinsammuu bal'aa ta'e geessisu adda baasuu fi karaalee ittiin bayyanatan hubatuudha. Kunis kan haammatu mallattoolee rakkoo xiinsammuu adda baasuu/hubachuu; beekumsa waa'ee rakkoo xiinsammuu imaammata, adeemsawwan fi hojiilee/muuxannoowwan keessatti guutummaan akka galu gochuu fi rakkoon xiinsamuu irra deebiin akka hin mudanneef ciminaan hojjachuu.[4]

Gabateen armaan gadii dhaabbileen hirmaannaa baraaramtootaa karoorsuu irratti akka qajeelfamaatti isaan gargaara. Kuni tarreeffama waan hunda of keessaa qabu miti; garuu hirmaannan baraaramtootaa maal akka barbaadu yaaduudhaaf haala kan mijeessudha.

Naannoo naga qabeessa fi namni salphatti argachuu danda'u uumaa

Tarkaanfileen nagaa eeguuf gargaaran baraaramtootaa fi namoota odeeffannoo saaxilaniif jiraachuu isaa mirkaneessaa. Imaammannii fi adeemsonni nageenya eeguuf gargaaran keessan waytaawoo fi barbaachisoodhaa? Yeroo hirmaannaa fi isa booda odeeffannoon/eenyummaan nama sanaa yoo beekame baraaramtoota sana gargaaruuf adeemsa mataa keessanii qabduu?

Karoorri nageenyaa hojiirra ooluu isaa mirkaneessaa. Waa'ee hirmaannaa ilaalchisee madaallii rakkoo/balaa gaggeessitanii jirtuu? Yeroo hirmaannaa fi hirmaannaa booddee karoora nageenya dhuunfaa qopheessuuf baraaramtoota fi hojjattoota/haala mijeessitoota waliin hojjattanii beektuu?

Yeroo gorsaa waan kamiinuu miidhamaniiru yoo ta'e, baraaramtootaf deeggarsi jiraachuu isaa mirkaneessaa Tajaajiloota kam fa'aatu barbaachisa? Eenyuu waliin qunnamtii uumuu fi haasawuu barbaadduu? Daa'immaniif tarkaanfiwwan addaa yaada keessa galchitee jirtaa? Tajaajilootaaf kaffaltiin akkamitti akka kaffalamu yaada keessa galchitee jirtaa?

Haallii naannoo kan argachuun danda'amuu fi hirmaachisu ta'uu isaa mirkaneessaa. Baraaramtoota naannoo yookin seenaa adda addaa keessaa dhufan akkamitti of keessatti haammattuu? Baraaramtoonni geejjiba bakka wal gahii/wal argee kan ittiin deeman akka argatan gochuuf akkamittiin gargaaraa jirtuu? Maatiiwwan daa'ima kunuunfaman qaban, namootni qaama miidhamoo ta'anii yookin gareewwan biroo akka hirmaatan gochuuf akkamitti gargaartuu?

Icciitiin eegamuu isaa mirkaneessaa. Baraaramtoonni hirmaachuu isaaniitiif eenyummaan isaanii ni saaxilamaa? Muuxannoo/mudannoo dhunfaatiin wal qabatee hojii kamiyyuu iccitiidhaan eegaa jirtuu, akkasumas waan eenyummaa ibsu kamiyyuu akka hin beekkamne gochaa jirtuu?

Waan miira namaa tuttuqu, hubannaa fi yaada wajjin wal arguu/keessummeessuu

Adeemsonni, baraaramtootaan kan durfamanii fi dalagaman ta'uu qabu. Hirmaannaa fi imaammata akkasumas sagantaalee karaa miidhaa dabalataa hin geessifneen qopheessuu keessatti baraaramtoonni akkamitti akka gaggeessuu danda'anii fi gahee/itti gaafatamummaa fudhatan yaada keessa galchitanii jirtuu? Malootni akkamii akka isaaniif ta'u/mijatu baraaramtoota gaafattee jirtaa?

Hirmaannaa, suuraawwan, jecha fudhachuu yookin waan barreeffame kan faaydaarra oole kamiifuu walii galteen fudhatamuu isaa mirkaneessaa. Hirmaannaan maal akka of keessaa qabuu fi walii galteen maal akka ta'e akkaataa baraaramaan sun hubachuu danda'uun ibsitaniifii jirtuu? Yeroo kamittuu hirmaachuu dhaabuu akka danda'an ibsitaniifii jirtuu? Suurawwan, jechoonni fudhataman yokiin waan barreeffamni faaydaarra oole akkamitti akka itti fayyadamuun danda'amuu fi eenyu akka isaan ilaalu ibsitanii jirtuu? Hojiin kallatiidhan hojjatamuu Intarneetiidhaan yokiin barruu namni kamiyyuu arguu danda'uu jiraa?

Waantota eegamaniif ifaan ifa, haqa qabeessaa fi qabatamaa ta'aa. Qabeenyaa fi yeroo qabdaniin waa'ee waan galmaan gahuu dandeessaanii qabatamaadhaan gochuu nan danda'a yaada jedhu qabduu? Hirmaannicha irraa maaltu akka eegamu sii galaa jiraa? Waa'ee gahee keetii fi waantota danqaa ta'an kamiyyuu baraaramaan sun hubatee jiraa? Nan bilbila, ergaan barreessa yookin odeeffannoon nan erga jettanii turtanii? Akkas taanan, jechuu keessan adda baasaa.

Adeemsicha duraa fi booda qunnamtiin ifaa fi bifa hiriyummaatiin ta'uu qaba. Qunnamtiin baraararmtoota waliiniin taasifamu miira itti tolu uumaa jiraa? Adeemsicha, maaltu akka itti fufee dhufuu fi hordoffiin barbaachisaa akka ta'e ibsiteefii jirtuu? Sagaleen keessanii fi sochiin/haasaan qaamaa keessanii miira hiriyummaa ni uumaa/hawwataadhaa? Ilaalcha dogoggoraa fi loogii akkasumas akkamitti kuni namoota dhunfaa waliin haasa'uu irratti dhiibbaa fiduu akka malu yaada dhunfaa keessan kennitanii jirtuu?

Baraaramtoonni akkaataa ittiin hirmaachuu barbaadan akka filataniif filannoowwan hedduu dhiyeessaafi. Karaalee garaa garaa baraaramtoota ittiin hirmaachisan (hojii barreeffamaa, sagalee, ogummaa aartii irratti kan hundaa'e fi kkf) yaada keessa galchitanii jirtuu? Filannoowwan garaa garaa fi gaheewwan garaa garaa yokiin faydaalee isaan qabaachuu danda'an baraaramaan sun ni hubataa?

Madda dhiyeessu fi jijijjiiramuu

Baraaramtoota hirmaachisuudhaaf waa'ee hojjataa barbaaduu fi yeroo murteessuu irratti sirrii ta'uu keessan mirkaneessaa. Addumatti yeroo daa'imman namoota qaama miidhamoo ta'an waliin hojjatanitti, hirmaannaan gargaarudhaaf hojjattoota ulaagaa gahaa qaban argattanii jirtuu? Jijjiirama osoo hin eegamnee mudatuuf karoora yeroo hatattamaa keessatti akka hammatamu gootanii jirtuu? Fkn: Sa'aatii dhumaatti baraaramaan keessaa yoo bahe, garuu ammoo hirmaachuu kan barbaadu yoo ta'e hoo? Sagaanticha irra deebiin saganteessuu ni dandeessuu?

Baasii hirmaannaa yaada keessa galchaa. Baasii hirmaannaa haguuguuf nyaata dhiyeessaa jirtuu? Baasiin iddoon wal gahiitiif bahu jiraa? Yeroo boqonnaaf yokiin marii xixiqqaadhaaf kan ta'u bakka ni barbaadduu? Namoota afaan hiikan ni barbaadduu?

Ogummaa baraararamtootaatiif deeggarsa maallaqaa godhaa. Sababa yeroo isaanii kennaniif baraararmtootaaf kaffalaa jirtuu? Baasiwwan adeemsaa fi durgoo/bakka bultii (bakka wal gahii dhaquudhaaf baraaramtoonni dursa kana barbaaduu waan danda'aniif) ni kaffaltuu? Kunuunsa daa'imaa yokiin baasiiwwan kunuunsa daa'imaa dhiyeessaa jirtuu?

---

[1] Waraqaan/maddi odeeffannoo kun kan irraa fudhatame, gabaasa Wiirtuu Maddaa fi Deeggarsaa tiif barraa'e irraayi: RSH (2020) Qisaasama saalaa, miidhaa fi gudeeddii saalaa irraa kanneen baraaraman hirmaachisuudhaaf shaakallii gaarii (SEAH). https://safeguardingsupporthub.org/best-practice-engaging-survivors-sexual-exploitation-abuse-and-sexual-harassment

[2] Boezio, G., n.d. Murtee mana maree eegumsaa mootummoota gamtoomanii(UN) Laandmaark 2467 (2019) hirmaannaa baraaramaa irratti xiyyeeffateef walqixxummaa fi itti gaafatamummaa jajjabeessa
qisaasama saalaa wal-dhabdee waliin waliti dhufan ittisuufii deebii irratti kennuu keessatti, 29, Eebla 2019 Mootummoota Gamtooman (United Nations)

https://slavefreetoday.org/journal_of_modern_slavery/v2i1a2_Rise_Unite_Support_Doing_No_Harm_in_the_AntiTrafficking_Movement_countryman_roswurm.pdf

[3] Countryman-Roswurm, K. (2015). Ol ka'uu, tokko ta'uu, Gargarsa: "Akka miidhaan hin qaqqabneef" hojjechuu sochii muddama tiraafikaa hambisuuf. Barruu Garbummaa Yeroo Ammaa: Barruu waliigalaa Furmaatota Godaansa Namootaa, 2, 1. URL https://slavefreetoday.org/journal_of_modern_slavery/v2i1a2_Rise_Unite_Support_Doing_No_Harm_in_the_AntiTrafficking_Movement_countryman_roswurm.pdf

[4] Mentalhealth.org (2015) Mala xiin-sammuu fayyisuu (Trauma-Informed Approach) and Mala Giddugaltummaawwan Xin-sammuu irratti xiyyeeffatee (Trauma-Specific Interventions). Accessed 04.08.20 URLhttps://www.mentalhealth.org/get-help/trauma#:~:text=Recognizes%20the%20signs%20and%20symptoms,actively%20resist%20re%2Dtraumatization.%22